



**ADDA BILISUMMAA OROMOO**

**OROMO LIBERATION FRONT**

Waxabajji 25, 2018

**WAAMICHA MUMMICHA MINISTEERAA DR. ABIY LAALCHISE DEEBII**

**ADDA BILISUMMAA OROMOO**

Haasa Muummichi Ministeera Itophiyaa Dr. Abiy Ahmed, Waxabajji 19 bara 2018 Paarlamaa Itophiyaa irratti nagaa argamsiisuuf akkasumas walitti bu'iinsa dhaabuuuf dhiheesse si'aata argachuu akka qabu amanna, dincisiifatnas. Haasaan akkasii kun mootota Itophiyaa dhufaa darbaa turaniin dhihaates hin beeku, hin turres. Haa ta'u malee, waamicha kanaaf deebii kenuun dura, carraa argame kanatti gargaaramuun adeemsaa fi qabsoo Addi Bilisummaa Oromoo (ABO) waggoota afurtamaa ol deemsiseef, qabiyyee qabatama qabu dursa akekuun barbaachisaa ta'ee argama.

Akkuma beekamu hariiroon mootummoota Itophiyaa fi ummata Oromoo jidduu jiru walitti dhufeenyaa fedhii irratti kan hundaa'e miti yookaan walii galtee seera qabeessa qabu akka hin taane mirkana. Ummatni Oromoo fedha isaa malee hariiroo akkasii keessatti dararama, irratti roorifamaa ture, ammas gidraan akkasii irraa hin dhaabbatne. Hariiroo akkasii keessatti Oromiyaan akka humnaan dhuunfatamtu, eenyummaan Oromoo akka dhokatu, qabeenya fi humni Oromoo gar-malee akka saamamuu fi dukkana keessa akka jiraatu taasifame. Kun ammaliee ittuma jira. Bifa kanaan Oromiyaan waggoota 130f boojiamtee bitamte. Egaa yeroo daddaaqamaa akkasii keessatti ABOn bara 1973 kan ijaaramee. Ummata gidiraa akkasii keessa jiru hogganuun qabsoo eenyummaa ofiin dhaabbachuun finiinsuu eegale. Kaayyoon isaaas Ormomiyaa bilisumsuu akka ta'e sagantaa siyaasaa isaa keessatti kaawwate. Yeroo ammaas qabsoon haaluma dura ture qabatee socho'aa jira. Yeroo ammaas Oromiyaa keessatti jeequmsi akka uumamu kan taasise dhugaadhuma duraanuu itti fufiinsaan asi ga'eerrayyu.

Yeroo ammaa, ABOn jaarmayaan siyaasaa angafa ta'an keessaa isa tokko. Jaarmayaan kun ummata Oromoo bilisoomsuuf lola bulchiinsa Kolonel Mangiistuu Haylamariyam kuffisuu keessatti qooda isaa raawwateera. Kufaatii sirna sanaan boodas, bara 1991 Mootummaa Cehumsaa ijaaruu akkasumas heeraa fi seera har'a biyyattiin ittiin bultu baasuu keessatti qooda ol anaa xabateera. Haa ta'u malee, ABOn humna waraana Adda Bilisa Baafu Ummata Tigray (ABUT) dhaan dhiibamee Mootummaa Cehumsaa keessa ba'uuf dirqame. Kun gartuu Adda Dimokratawa Warraaqsa Ummatota Itophiyaa (ADWUI) ijaareen bara 1992 ABO irratti raawwatame. Kun hundi ta'ee, ABO waldhabbi baraa dheeraaf ummata Oromoo fi mootummaa Itophiyaa jidduu jiruu fi ture furuuf tattaafffi yeroo danuu adeemsiseera. Garuu, amala warren Itophiyaa bulchan irraa kan ka'een milkaa'uu hin dandeenye.

Yeroo danuu, irra deddeebinee sirni ABUT/ADWUI haala Itophiyaa keessatti adeemaa jiru hubatee, balaa dhuufuuf deemu akka dursee furu, akka biyyattinis jeequmsa keessaa ba'uuhin dandeenye irra deddeebine hubachiifneerra. Naannoон kunis naannoo dhibdee qabduuf, waraana walirratti boba'u irratti hundaa'ee, mootummaa kufe, beelaa fi balaa uumamaa qabdu akka taate hubachiifneerra.

Haala kana foyyeessuuf waldhabbi ummata Oromoo fi mootummaa Itophiyaa jidduu jiru furuun biyyaatti keessatti qofaa osoo hin ta'in walii gala Gaanfa Afrikaa keessatti tasgabbi akka uumu hubachiineerra. Tattaaffiin nuti furmaata fiduuf gochaa turre karaa ABUT/ADWUI dhageettii hin argatne. Xiyyeefatnan isaanii dimshashumatti aangoo of harkaa galchuu irratti ture. Amalli akkasii kun maree ilaafi ilaamee irratti hundaa'ee fi carraa nagaa fiduuf yaalamu maseense. Waldhabbi ture hiikuuf waamichi nuti godhaa ture sirmaa Wayyaaneen irra ejjatame. Ummata Oromo irratis waraanni humnaan bituu labsame.

Miseensotni, deggartootnii fi maraarfatnoon ABO mootummaa ABUT/ADWUI tiin erga shakkamanii booda kumaatamatti kan lakkawaman mana hidhhatti guuraman, ajjeefaman, qori-qalbiinis ta'e qaamaan dararaman. Oromootni kumoota kudhanitti lakkawaman mana hidhaa keessatti tika Wayyaaneen irratti roorrfameera. Ilmaan Oromoo hedduun waggoota 26f mana hidhaa keessatti dararamaa turan. Danuun isaanii manuma hidhaa keessatti du'aniiru. Hedduun harkaa fi miilla malee yookiin hir'inni qaamaa mudateeran. Danuun rakkina sammuu fi rakkina nageenya qaama uumurii guutuu isaan waliin jiraatu baatanii argamu. Danuun rifuu mootummaan Waayyaanee irraan ga'erra dandamachuun hin dandeeny. Rakkoon akkasii kun hidhamtoota dhuunfaa yookiin maatii isaanii qofa irra kan ga'e osoo hin ta'in akka hawaasatti lammii Oromoo maraa irratti rorroo adeemsifamee dha. Har'allee Oromootni danuun mana hidhaa keessatti uguramanii argamu. Tika Wayyaaneen ukkaffamanii bakka buuteen isaanii kan dhabames danuu dha. Sabni Oromoo miidhaa gara jabeenya irratti raawwatame, dhumaatii bifa adda addaan irra ga'e, saamichi jirenya sabicha balleessuuf ta'e jedhee irratti godhame yoomuu hin irraanfatu.

Kunuu ta'ee Wayyaanee amma funyaanitti hidhatte dura harka duwwaa dhaabbachuu, qabsoo abbootiin isaanii biraan ga'an finiinsuu keessatti, qoodni queerroo ykn dargaggoon Oromoo xabatanii fi xabataas jiranitti ni boonna, ni dinqisiifatna. Ijooleen Oromoo ummatoota biroof qabsoo askasii keessatti fakkeenya ta'anii argamu. Haall qabsoo dargagootaa Mummichi Ministeera Itophiyaa ammaa Dr Abiy Ahmed akka aangoo qabatu taasiseera. Dr Abiy haala kana of irratti abdii qabuun dubbachus danda'eera. Mummichi Ministeera aangootti kan dhufes qabsoo Queerroon lubbu isaanii dabarsanii eenyummaa fi bu'aa saba isaaniif kennan keessatti akka ta'es mamii hin qabu. Kana Dr Abiyii fi paartiin isaas akka hubatn ni abdanna.

Asirratti dhaagetti, haxxummaa fi haala jiru ifa gochuun akkasumas itti gaafatamummaan Mummichi Ministeraa, Dr Abiy Ahmed fudhates gammachiisaa akka ta'e hubatneerra. Haa ta'u malee, yaaddoo fi waan dursanii mirkanawu qaban hin qabnu jechuu miti. Yaaddoon keenya inni duraa, Dr Abiy Ahmed ammattii mataa itti haa ta'u malee caasaan sirna siyaasa Itophoiyaa wagga dhiibbaa oliif abba hirummaa Aaddeffate fi Oromiyaa booji'e kan qabate jiru isaa ti. Itti aansee, waadaan Dr Abiy seenaa jiru waan yeroof bifa inni barbaadu irratti hundaa'ee hin caaseffamneef dhiibamee masaraa keessaa akka ba'u taasifamuu ni mala. Kan biraa ammo, Dr Abiyi mataan isaa Habashoota duraan aangoo irra turanii Oromoo miidhaa turan dinqisiifata. Moototiin Habashaa inni dinqisiifatu mirga dhala naamaafis ta'e daraaru ilaa fi ilaameef warra dhaabbatan hin turre. Isaan kan hordofaa turanii fi jiran sirna seera dhablummaa, kan jirenya namaaf kabajaa hin qabnee dha. Itti dabalees, Dargin bar 1974, yeroo aangootti dhufe waada fiixaan basuu hin dandeeny seenee akka ture seenaan addeesseera. Aangoo erga jabeefatee fi deggarsa ummataa erga argatee booda dargagootaa fi beektota eegeree biyyaaf ta'an rasaasaan waade. **Reeffi isaanii karaa irra tuulame. Maatiin akka fudhatee hin awwalatne dhorkame.** Kun walii galatti, qori-qalbi ummataa irratti dhiibbaa hamaa kaa'ee darbe. Bara 1991 ammoo, hoggantootni Wayyaanee, ABO waliin bilisummaa dhugoomsuuf, ilaa fi ilaamee jabeessuuf akkasumas haqaan hojjechuuf waada seenan. Dhumni isaa kan agarsiise gartuun ABUT seena Itophiyaa keessatti gartuu lubbuu nama qaalii ta'e baasu keessatti ol aanaa ta'ee argame. Kun aadaa fi amala siyaasa Itophiyaa nutti agarsiisa.

Haa ta'u malee, haasaa, carraa fi waadaa Mummichi Ministeeraa, Dr Abiy Ahmed seenee fi waamicha inni godhetti gargaaramuu ol aantummaa seeraa fi qabsoo ummataa keenya fuul dura tarkanfachiisuuf qophii ta'uu keenya hubachiifna. Addi Bilisummaa Oromoo kaayyoo Oromiyaa bilisoomsuu qofa irratti hundaa'a

osoo hin taane, sana bira darbees, hubbatnoon, walittidhufeenyi, tumsii fi nagana ummatoota Itophiyaa fi ummata Gaanfa Afrikaa jidutti akka dagaagu hojjeta. Akka jaarmaya karoora fi saganataa siyaasaa qabutti, hedduminaan ummata Oromoo biratti fudhatama ol aanaa qaba. Kanaafuu, carraan argameef, waamichi Mummicha Ministeera Dr Abiyiin taasifame akeeka dhaabni kenya dhaabbateef – sabni Oromoo hiree isaa ofiin akka murteeffatu ni tumsa ejjatnoo jedhu qabna.

Bilisummaan yoo lafti, qabeenyaanii fi duniyan humnaan ummata Oromoo irraa fudhatame hin deebine hiiikaas furmaatas hin qabu. Humni dinagdee srina ABUT/ADWUI tiin ijaareen qabame kunis deeggartootaa fi miltoole isaanii harka akka turu gochuun sirni gabrofataa akka ummata Oromoo irratti dararu taasisuu dha. Kan nama ajaa'ibsiisu ummatni keenya labsiin yeroo muddamaa erga ka'ee boodas ajechaan guya guyyatti itti fufee jira. Kana dhaabuuf, akka jaarmayaa bilisummaaf falmutti buu'uura irraa eegalee qajeelfamnii fi tarsiimoon waan akkasii dhaabsisu jiraachuu qaba.

Akeeka galii qabsoo saba Oromoo irratti Dr Abiy Ahmed waliin gargaartummaa qabachuu ni malla. Garuu, ol aantummaa seera, mirga ummatootaa kabachiisuu, nagaa dhugoomsuu fi dhiifama walii gochuu irratti gargaartumma hin qabnu. Akka hoggana mootummaa Itophiyaa isa duraatti yaada qaroo iini dhiheesseef ni dinqsiifatna. Kaayyoo fi galii Mummichi Ministera nagaa buusuu akkasumas ol aantummaa seera dhugoomsuuf eegalee galii tilmaamameef akka ruktu ni abdatna.

Kaayyoon mootummaa walba ta'ee tokkoo inni duraa nageenya ummata isaa kanbachiiisuu dha. Muuxannoon ummata Oromoo waggoota 130 garuu, gadadoo, birrachuu, nageenya dhabuu, buqqa'u, dhiitamuu fi iyyummaa ammana hin jedhamne jala jiraachuu dha. Kanaafuu, Oromiyaa bilisoomte dhugoomsuun tikaa fi nageenya keenyaaf murteessaa dha. Biyya nagaa qabdu keesa jirachuun, bakka ummatni nagaan jiraatu, ijollee isaa nagaan guddifatu, fedhii bu'uuraa dhalli mara barbaaduu dha. Karaa bira, Oromiyaa tokkummaa humna Itophiyaa jalatti bulchuu yaaluun kufaati fi balaa hamtutti nu geessa. Nageenyi waliigalaa sirna hummatti gargaaramu irraa ni dhufa jedhame hin yaadamu. Kun yaalamee yeroo dheeraaf kan dadhabamee dha.

Haa ta'u malee, waamichi Mummicha Ministeraa, Dr Abiy Ahmed waldhabbi karaa nagaa hiikuuf taasise jiru ni tumsa. Kunis, kaayyoon sabni Oromoo hiree isaa murteefachuu irratti qabuu bu'uuraa ta'eetu. Hogganni Ithophiyaa Oromoo haa ta'u Habashaa, gaaffiin Oromoo yoo illee hiree ofiin murteeffachuuuf qabsoo ummatni Oromoo geggeessaa jiru keessatti isa bu'uuraa ta'ee argama.

Qabsoon keenya kan inni xiyyeffate gutumaa guututti mirga sabni Oromoo hiree murteeffatnaaf akkekate bakkaan ga'uuf. Kana keessatti hojiin keenya inni duraa, saba Oromoo fi Oromiyaa humnan dhuunfatamte, qabeenya ishee samamee fi gidiraan irratti rawwatama jiru jalaa baasuu dha. Erga sun xumuramee booda, hojiin lammafaan ummata Oromoo kakaasuun akka mootummaa walaba ijaarratu gochuu dha. Mootummaan walaba ta'e kun ummata Oromoo bakka bu'ee sabaa fi sablammoota bira walii waliigaltee ykn dhoofisa tokkummaa irratti hojjeta. Yoo tokkummaan walii galuun dadhabame, akeeka Oromiyaa Dimokrataawaa Rapabliiin itti fufa. Filatnoon akkasii kun ummataan murtaa'a.

Oromiyaan Ni Bilisoomti!

**Adda Bilisummaa Oromoo – Qaama Cehumsa**